## Gorsaafi Qindeessaa

Alamuu Hayiluu

## To’ataa Qulqullinaa

Muhaammad Namoo

## Qopheessitoota:

Abdulqaadir Amaan
Baqqalaa Qana’aa
Galmaa Waaqoo
Sintaayyoo Tolaa

## Seecca’oota:

Fiqaaduu Qana’aa
Muhaammad Abdoo

## Giraafiksii:

Dhaqqaboo Guyyee
Solomoon Alamaayyoo

Taaddasaa Dinquu

# Baafata

| Qabiyyee | Fuula |
|---|---|
| Boqonnaa 1: Maq-baasa Dabballee | 3 |
| Boqonnaa 2: Gaammee Xixiqqaa | 5 |
| Boqonnaa 3: Faaruu Gaammee Xixiqqaa | 6 |
| Boqonnaa 4: Hiriyyummaa | 8 |
| Boqonnaa 5: Muraa Hariyyaa | 10 |
| Boqonnaa 6: Halaqanaa | 12 |
| Boqonnaa 7: Dhadhaa | 14 |
| Boqonnaa 8: Mijuu | 16 |
| Boqonnaa 9: Galaa | 18 |
| Boqonnaa 10: Farda | 20 |
| Boqonnaa 11: Faaruu Fardaa | 23 |
| Boqonnaa 12: Kallachaafi Caaccuu | 24 |
| Boqonnaa 13: Illaansoo/Ulmaa | 26 |
| Boqonnaa 14: Qondaala | 28 |
| Boqonnaa 15: Haadha Siinqee | 30 |
| Boqonnaa 16: Irreecha/Dhibaayyuu | 32 |
| Boqonnaa 17: Faaruu Irreechaa | 34 |
| Boqonnaa 18: Guddifachaa | 36 |
| Silabasii Gadaa | 1 |

## Boqonnaa 1: Maq-baasa Dabballee

**Wayitii 9**

**Kaayyoo**

Dhuma boqonnaa kanaatti barataan/tuun:

- Adeemsaafi gochaalee maq-baasa Dabballee adda ni baafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, maq-baasni Dabballee ijoollee sadarkaa umrii kam irra jiraniif akka qophaa'uufi ce'umsa garamitti taaasifamu akka ta'e fakkii kitaaba barattootaa irratti dhiyaate fayyadamuun ibsi. Itti aansuun, jila maq-baasa Dabballee keessatti gochaaleen raawwataman tartiibaan maal fa'i akka ta'an fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Sana booda, barattoonni waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kanaan, adeemsaafi gochoota jila maq-baasa Dabballee keessatti raawwataman hubachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, adeemsaafi gochaalee maq-baasa Dabballee beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan godhi. Dhuma irratti, gilgaala boqonnaa kana jalatti kenname hojjachiisuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. D
2. Dhugaa
3. Jalqaba irratti, maatiin Dabballee hundinuu ardaa jilaa qubatu. Itti aansuun, guyyaan jilaa ayyaana irratti hundaa'uun murtaa'e ummataaf ibsama. Sana booda, iddoo jilli kun itti gaggeeffamutti galmi jilaa ni ijaarama. Erga jilli galma kana keessatti gaggeeffameen booda Dabballeef maqaan moggaafama.

## Boqonnaa 2: Gaammee Xixiqqaa

### Wayitii 9

**Kaayyoo:** Dhuma boqonnaa kanaatti baratan/tuun:

- ☞ Sirna Gadaa keessatti gaheefi itti-gaafatamummaa Gaammee Xixiqqaa addaan nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, maqaa Gaammee Xixiqqaan bakka gara garaatti ittiin beekamu ibsi. Itti aansuun, fakkii kitaaba barattootaa irra jiru fayyadamuun gaheefi itti-gaafatamummaa isaanii fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Sana booda, barattoonni fakkii kitaaba isaanii irratti dhiyaate ilaalanii waan hubatan akka walitti himan godhi. Adeemsa kanaan, barattoonni gaheefi itti-gaafatamummaa Gaammee Xixiqqaa hubachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, gaheefi itti-gaafatamummaa Gaammee Xixiqqaa beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan godhi. Dhuma irratti, gilgaala xumura boqonnaa jalatti kenname hojjachiisuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### Deebii Gilgaalaa

1. Hojii mana keessaa, hojii qonnaa, hojii tikaafi horsiisaa
2. Dhugaa
3. B

## Boqonnaa 3: Faaruu Gaammee Xixiqqaa

### Wayitii 9

**Kaayyoo**

Dhuma boqonnaa kanaatti baratаan/tuun:

☞ Jaalala Gadaan Gaammee Xixiqqaaf qabu ni ibsa/ti.

## Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, faaruu Gaammee Xixiqqaa kitaaba barattootaa irratti dhiyaate faarsuun itti agarsiisi. Itti aansuun, ijoolleen akka si wajjiin faarsan godhi. Sana booda, barattoonni akka of danda'anii faarsan tasisi. Itti fufuun, faaruu dhiyaate irratti akka mari'atan taasisuun ergaa faaruu sanaa akka walitti himan godhi. Adeemsa kana keessatti, maal akka irraa hubataniifi dinqisiifatan hordofuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, faaruu Gaammee Xixiqqaa biroo kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka faarfatan godhi. Dhuma irratti, gilgaala kenname hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. Ijoolleen sadarkaa Gaammee Xixiqqaa keessatti argaman gara sadarkaa itti aanutti ce'uuf hawwii guddaa qabu. Hawwii isaanii

kanas, “guddannee Raaba taanee, Godaannee Yaa’a taanee, Wal-argiin Gaammee taanee…”jechuun faaruudhaan ibsatu. Haaluma kanaan, dhimmoota faaruu kana keessatti ibsaman irratti akka mari’atan godhi.

2. Faaruu Gaammee Xixiqqaa kan naannoo isaanitti beekan yookiin maatii gaafachuun gara dareetti fidanii akka waliif faarsan taasisi.
3. Faaruu dhiyaate irratti hundaa’uun, waan barataniifi dinqisiifatan dabareen akka walitti himan godhi.

## Boqonnaa 4: Hiriyyummaa

### Wayitii 9

**Kaayyoo**

Dhuma boqonnaa kanaatti barataan/tuun:

☞ hariiroo hiriyyummaan qabu nibarata/ti;

addaan baafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, ijoolleen Gogeessa Gadaa tokko keessa jiran hariiroofi jaalala akkamii akka waliif qaban fakkii kitaaba barattootaa irratti dhiyaate fayyadamii ibsi. Sana booda, ijoolleen jireenya hawaasummaa akkamii keessatti akka waliin hirmaatan fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Dabalataan, barattoonni waan hubataniifi hariiroo hiriyyaa isaanii waliin qaban akka walitti himan taasisi. Adeemsa kana keessatti, barattoonni hariiroo hiryiyummaan qabu hubachuu isaanii adda baafachuun duub-deebii kenni.

Dhuma irratti, gilgaala boqonnaa kana keessatti kennaman hojjachisuun duub-deebii kenni.

### Deebii Gilgaalaa

1. Hariiroo gaariifi jaalala obbolummaa waliif qabu
2. Gochaalee barattoonni hiriyyumman irratti hirmaatan akka walitti himan taasisi.

3. Yeroo rakkinaa walgargaaruu, naamusa gaarii walirraa barachuu, jila adda addaa irratti waliin hirmaachuun waliin sirbuun bashannanuufi kanneen kana fakkaataniidha
4. Waan dubbisicha irraa baratan akka walitti himan taasisi. Kunis, hiriyyummaan maal akka ta'e, faayidaa, hariiroo hiriyyootni waliin qabaachuu malan, gochaalee hiriyyummaan irratti hirmaataniifi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'a.

# Boqonnaa 5: Muraa Hariyyaa

## Wayitii 9

### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataan/tuun:

- Maalummaafi faayidaa Tapha Muraa Hariyyaa ni ibsa/ti;
- Seera Muraa Hariyyaa eeganii taphachuun naamusa nishaakala/ti.

## Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, taphni Muraa Hariyyaa maal akka ta'eefi faayidaa inni qabu ibsi. Itti aansuun, fakkii kitaaba barattootaa irra jiru fayyadamuun adeemsafi seerota tapha Muraa Hariyyaa fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Akkasumas, barattoonni fakkii kitaaba isaanii irratti dhiyaate ilaalanii waan hubatan akka walitti himan godhi. Sana booda, naamusa taphicha eeganii gareedhaan akka taphatan shaakalsiisi.

Dabalataan, tapha kana fakkaatu kan beekan dareetti fidanii akka taphatan godhi. Dhuma irratti, gilgaala boqonnaa kana keessatti dhiyaatan hojjachiisuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. Rukuttaa salphaa adabama
2. Seera waliigalteen tumatan waan ta'eef amananii fudhatu
3. Adeemsotaafi seera tapha Muraa Hariyyaa, seera waliigalteen tumatan kabajuun dirqama ta'uufi kanneen biroo jechuu danda'u

## Boqonnaa 6: Halaqanaa

### Wayitii 9

**Kaayyoowwan**

Dhuma boqonnaa kanaatti barataan/tuun:

- ☞ Maalummaa halaqanaa ni ibsa/ti;
- ☞ Halaqanaan maal irraa akka qophaa'u adda baafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, fakkii kitaaba barattootaa irratti kenname fayyadamii halaqanaan maal akka ta'e ibsi. Itti aansuun, halaqanaan maal maal irraa akka qophaa'uufi yeroo akkamii akka qophaa'u fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Sana booda, barattoonni ibsa kennameefi fakkii ilaalan irratti hundaa'uun waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kana keessatti, maalummaa halaqanaa, yeroo inni qophaa'uufi fakkoommii isaa hubachuu isaanii adda baasuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, akaakuu nyaataa jila adda addaa irratti qophaa'u kan beekan yookiin maatii gaafachuun dareetti akka walitti himan taasisi. Dhuma irratti, gilgaala xumura boqonnaa irratti dhiyaate hojjachiisuun hubachuu isaanii mirkaneeffadhuu duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. Maqaa Halaqanaan naannoo isaaniitti ittiin beekamu akka walitti himan godhi. Innis, qorii, kochee, burqumsaafi kan biroo fa'a ta'uu danda'a.
2. Dhugaa
3. E

## Boqonnaa 7: Dhadhaa

### Wayitii 9

**Kaayyoo**

Dhuma boqonnaa kanaatti barataan/tuun:

- ☞ Dhadhaan jila adda addaa keessatti maal maal akka agarsiisu baafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, dhadhaan jila akkamii keessatti akka hojii irra oolu fakkii kitaaba barattootaa irra jiru fayyadamuun ibsi. Itti aansuun, dhadhaan jila adda addaa keessatti maal fa'a akka agarsiisu fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Sana booda, barattoonni ibsa kennameef irratti hundaa'uun waan hubatan akka walitti himan godhi. Adeemsa kana keessatti, barattoonni dhadhaan jila keessatti maal fa'a akka agarsiisu hubachuu isaanii adda baafachuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, waan dhadhaan agarsiisu kan beekan ykn maatii gaafatanii akka walitti himan godhi. Dhuma irratti, gilgaala kenname hojjachiisuun hubannoo irraa eegamu gonfachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. Dhadhaan jiidhaa, nageenyaafi qabbanaa, hormaataa, miidhaginaafi kanneen kana fakkaatanii agarsiisa.
2. Dhugaa
3. Bakka adda addaatti nyaataaf, qulqulqullina agarsiisuuf, muudaafi kanneen kana fakkaataniif ooluu danda'a. Bifuma kanaan barattoonnis akka naannoo isaaniitti waan beekan akka waliif ibsan taasisi.

## Boqonnaa 8: Mijuu

### Wayitii 9

**Kaayyoowwan**

Dhuma boqonnaa kanaatti barataan/tuun:

- ☞ Maalummaa mijuu ni ibsa/ti;
- ☞ Fakkoommii mijuun jila adda addaa keessatti mijuun maal akka agarsiisu adda baafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba, barattoonni fakkiiwwan kitaaba isaanii irratti dhiyaate ilaalanii waan hubatan akka walitti himan godhi. Itti aansuun, Sirna Gadaa keessatti mijuun maal akka ta'eefi maal maal irraa akka qophaa'u fakkiiwwan kitaaba barattootaa irra jiran fayyadamuun ibsi. Akkasumas, mijuun akkamiin akka dhiyaatu ibsi. Sana booda, Sirna Gadaa keessatti mijuun akka nageenyaa, araaraa, quufaa, gabbinaa, hormaataafi kanneen kana fakkaatanii kan agarsiisu ta'uu isaanii fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Adeemsa kana keessatti, maalummaa mijuufi waan inni agarsiisu isaa hubachuu isaanii adda baasuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, fakkoommii mijuu kan beekan yookiin maatii gaafachuun dareetti akka walitti himan taasisi. Dhuma irratti, gilgaala xumura

boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun hubachuu isaanii mirkaneeffadhuu duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. Hormaata, nageenya, tokkummaa, araaraafi kanneen kana fakkaatan agarsiisa
2. Dhugaa
3. D

## Boqonnaa 9: Galaa

### Wayitii 10

**Kaayyoowwan**

Dhuma boqonnaa kanaatti barataan/tuun:

- ☞ Maalummaa galaa adda nibaafata/ti;
- ☞ Sona waliin nyaachuun/qooddachuun qabu ni ibsa/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, galaan maal akka ta'eefi maal maal irraa akka qophaa'u fakkii kitaaba barattootaa irra jiru fayyadamuun ibsi. Itti fufuun, duudhaafi aadaa waliin nyaachuu Oromoon qabu fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Sana booda, barattoonni fakkii kitaaba isaanii irratti dhiyaate ilaalanii waan hubatan akka walitti himan godhi. Haaluma kanaan, barattoonni sona waliin nyaachuun yookiin qooddachuun qabu hubachuu isaanii adda baasuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, sona waliin nyaachuun qabu kan beekan yookiin maatii gaafachuun dareetti akka walitti himan taasisi. Dhuma irratti, gilgaala boqonnaa kana jalatti kenname hojjachiisuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. Akka aadaa Oromootti, namni waliin nyaate wal hin-nyaatu; wal-hinganu waan ta'eef akka guduunfaa waadaatti ilaallama.
2. Hawaasa giddutti waliif yaaduu, jaalalaafi wal-amantaa uuma. Kun immoo, jireenya hawaasummaa cimsuun rakkoo nama mudate jala dabruuf gargaara.
3. D
4. B
5. Nyaaata yeroo dheeraa turuufi galaaf oolu akka walitti himan taasisi.

# Boqonnaa 10: Farda

## Wayitii 10

### Kaayyoo

Dhuma boqonnaa kanaatti barataan/tuun:

- ☞ Ilaalchaafi kabajaa fardi Oromoo biratti qabu adda nibaafata/ti.

## Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, Oromoon fardaaf jaalala akkamii akka qabu ibsi. Itti aansuun, Oromoon fardaaf kunuunsaafi kabaja akkamii akka taasisu fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Akkasumas, fardi abbaa isaatiif amanamumma akkamii akka qabu ibsi. Sana booda, barattoonni fakkii kitaaba isaanii irratti dhiyaate ilaalanii waan hubatan akka walitti himan godhi. Adeemsa kanaan, barattoonni ilaalchaafi kabaja Oromoon fardaaf qabu hubachuu isaanii adda baasuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, ilaalchaafi kabaja fardi Oromoo biratti qabu kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan taasisi. Dhuma irratti, gilgaala boqonnaa kana jalatti kenname hojjachiisuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. Akka dhala namaatti ilaaluun ittiin waamama. Fakkeenyaaf, Abbaa Booraa, Abbaa Daamaa, Abbaa Mogol, Abbaa Bulloo…
2. Fardi abbaaf amanamaadha; Yoo tasa abbaan irraa kufee miidhame gatee biraa hindeemu.
3. C
4. Dhimmoota akka geejjibaa, jila adda addaa ittiin gaggeessuufi kanneen kana fakkaatanii oola waan ta'eef.

# Simisteera Lammaffaa

## Boqonnaa 11: Faaruu Fardaa

### Wayitii 9

**Kaayyoo**

Dhuma boqonnaa kanaatti baratаan/tuun:

☞ Jaalala Oromoon fardaaf qabu ni ibsa/ti; nidinqisiifata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, faaruu fardaa kitaaba barattootaa irratti dhiyaate faarsuun itti agarsiisi. Itti aansuun, ijoolleen akka si wajjiin faarsan godhi. Sana booda, barattoonni akka ofdanda'anii faarsan tasisi. Itti fufuun, faaruu dhiyaate irratti akka mari'atan godhuun ergaa faaruu sanaa akka walitti himan taasisi. Adeemsa kana keessatti, maal akka irraa hubataniifi dinqisiifatan hordofuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, faaruu ardaa biroo kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka faarfatan godhi. Dhuma irratti, gilgaala kenname hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### Deebii Gilgaalaa

1. Oromoon fardaaf jaalalaafi kabaja guddaa waan qabuuf faarsa
2. Jaalala Oromoon fardaaf qabuufi kan biroos eeruu danda'u.

## Boqonnaa 12: Kallachaafi Caaccuu

### Wayitii 9

**Kaayyoowwan**

Dhuma boqonnaa kanaatti baratan/tuun:

- Maalummaa Kallachaafi Caaccuu nihubata/ti;
- Kallachaafi Caaccuu eenyu akka kaayyatu adda nibaafata/ti;
- Kallachaafi Caaccuun maal akka agarssiisan adda nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, Kallachaafi Caaccuun maal akka ta'aniifi maal maal irraa akka hojjataman fakkii kitaaba barattootaa irra jiru fayyadamuun ibsi. Itti aansuun, Kallachaafi Caaccuu eenyu akka keeyyatuufi fakkoommii isaan Sirna Gadaa keessatti qaban fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Sana booda, barattoonni fakkii kitaaba isaanii irratti dhiyaate ilaalanii waan hubatan akka walitti himan godhi. Haala kanaan, maalummaa Kallachaafi Caaccuu; eenyu akka kaayyatuufi waan inni agarssiisu hubachuu danda'uu isaanii adda baafachuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, maalummaafi fakkoommii Kallachaafi Caaccuu kan beekan yookiin maatii gaafachuun dareetti akka walitti himan taasisi. Dhuma

irratti, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. Kallachi guyyaa Muuda Qaalluu, dhibaayyuu, guyyaa baallii walitti dabarsan, yeroo jilli Odaa gaggeeffamuufi yeroo gosa walitti araarsanis hidhatama.
2. Dubartiidha.
3. Ulfina/kabaja Kallachaafi Caaccuun qaban yookiin mi'a ulfoo ta'uu isaanii agarsiisa
4. D

# Boqonnaa 13: Illaansoo/Ulmaa

## Wayitii 9

### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataan/tuun:

- Dubartiin Qanafaa kaayyattu dubartii akkamii akka taate ni ibsa/ti;
- Kabaja isheen maatiifi hawaasa biratti qabdu adda nibaafata/ti.

## Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, Qanafaan maal akka ta'eefi eenyu akka godhatu fakkii kitaaba barattootaa irra jiru fayyadamuun ibsi. Itti aansuun, dubartiin Qanafaa hidhatte maatiifi hawaasa biratti kabaja akkamii akka qabdu fakkeenya gara garaa fudhachuun ibsi. Sana booda, barattoonni fakkii kitaaba isaanii irratti dhiyaate ilaalanii waan hubatan akka walitti himan godhi. Adeemsa kanaan, barattoonni woyyoomaafi kabaja deessuun Sirna Gadaa keessatti qabdu hubachuu isaanii adda baafachuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, Kabaja deessuun maatiifi hawaasa biratti qabdu kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan taasisi. Dhuma irratti, gilgaala boqonnaa kana jalatti kenname hojjachiisuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. Soba
2. C
3. Oromoo biratti dubartiin woyyuu waan taateef yeroo kamiyyuu kunuunsi ni godhamaf. Caalatti ammoo, qanafaa hidhachuun deettuu ta'uu ishee waan agarsiisuuf kunuunsi addaa nitaasifamaaf. Kunis, ulfinaafi kabajaa Sirni Gadaa deettuuf qabu kan agarsiisuudha.

# Boqonnaa 14: Qondaala

## Wayitii 9

### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataan/tuun:

- Maalummaafi faaya Qondaalli ittiin beekamu ni ibsa/ti;
- Gahee Qondaalli hawaasa keessatti qabu adda nibaafata/ti.

## Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, fakkii kitaaba barattootaa irra jiru itti agarsiisuun Qondaalli maal akka ta'e ibsi. Itti aansuun, Qondaalli hawaasa keessatti gahee akkamii akka qabu ibsi. Akkasumas, kabaja Qondaalli qabuufi faaya kabajaa Qondaalli ittiin beekamu ifa godhi. Sana booda, barattoonni fakkii kitaaba isaanii irratti dhiyaate ilaalanii waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kanaan, gahee, kabaja Qondaalli qabuufi faaya inni ittiin beekamu hubachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, faaya Qondaalli ittiin beekamuufi inni qabu kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan godhi. Dhuma irratti, gilgaala boqonnaa kana jalatti kenname hojjachiisuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. Nama goota ta'e; nama jabduu hojjateefi kabajaafi ulfina guddaa qabu
2. E
3. D

## Boqonnaa 15: Haadha Siinqee

### Wayitii 9

**Kaayyoowwan**

Dhuma boqonnaa kanaatti baratu/tuun:

- Eenyummaafi ulaagaa filannoo Haadha Siinqee nihubata/ti;
- Gaheefi itti gaafatamummaa Haadha Siinqee adda nibaafata/ti;

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, Haati Siinqee dubartii akka taate fakkii kitaaba barattootaa irra jiru fayyadamuun ibsi. Itti aansuun, ulaagaa ittiin filatamtu, gaheefi itti-gaafatamummaan ishee maal maal akka ta'e fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Sana booda, barattoonni fakkii kitaaba isaanii irratti dhiyaate ilaalanii waan hubatan akka walitti himan taasisi. Haala kanaan, eenyummaa, gaheefi itti gaafatamummaa Haadha Siinqee hubachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, gaheefi itti gaafatamummaa Haadha Siinqee kan beekan yookiin maatii gaafachuun dareetti akka walitti himan godhi. Dhuma irratti, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. Dubartoonni gaheefi dirqama isaanii akka bahan barsiisuu; mirga dubartootaa Sirna Gadaa keessatti tumame raawwachiisuu; Abbaa Gadaa wajjiin ta'uun dhimmoota hawaasummaafi diinagdee keessatti qooda fudhachuufi kanneen kana fakkaataniidha.
2. D
3. Dhugaa

## Boqonnaa 16: Irreecha/Dhibaayyuu

**Wayitii 9**

**Kaayyoowwan**

Dhuma boqonnaa kanaatti barataan/tuun:

- Maalummaa Irreechaa/Dhibaayyuu ni ibsa/ti;
- Akaakuu Irreechaa/Dhibaayyuu adda baafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, fakkii kitaaba barattootaa irratti kenname fayyadamuun Irreechi/Dhibaayyuun maal akka ta'e ibsi. Itti aansuun, akaakuu Irreechaa/Dhibaayyuufi yoom akka gaggeeffamu fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Sana booda, barattoonni fakkii kitaaba isaanii keessatti dhiyaate ilaalanii waan hubatan akka walitti himan godhi. Adeemsa kanaan, barattoonni maalummaa Irreechaa/Dhibaayyuufi akaakuu isaa hubachuu isaanii adda baafachuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, akaakuu Irreechaa/Dhibaayyuu kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan taasisi. Dhuma irratti, gilgaala boqonnaa kana keessatti kenname hojjachiisuun qabiyyee dhiyaate hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. Waqtii Birraafi Arfaasaa keessa irreeffatama.
2. Dhugaa
3. A
4. B

## Boqonnaa 17: Faaruu Irreechaa

### Wayitii 10

**Kaayyoo**

Dhuma boqonnaa kanaatti barataan/tuun:

- Oromoon faaruudhaan akkamitti akka uumaa kadhatuufi galateeffatu ni ibsa/ti; nidinqisiifata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, faaruu Irreechaa kitaaba barattootaa irratti dhiyaate faarsuun itti agarsiisi. Itti aansuun, ijoolleen akka si wajjiin faarsan godhi. Sana booda, barattoonni akka ofdanda'anii faarsan taasisi. Itti fufuun, faaruu dhiyaate irratti akka mari'atan taasisuun ergaa faaruu sanaa akka walitti himan godhi. Adeemsa kana keessatti, maal akka irraa hubataniifi dinqisiifatan hordofuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, faaruu Irreechaa/Dhibaayyuu biroo kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka faarfatan godhi. Dhuma irratti, gilgaala kenname hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. D
2. C
3. Akkaataa Oromoon milkaa'ina, nageenyaafi tasgabbii argateef Waaqa itti galateeffatuufi hawwiin fuul-duratti qabu immoo, akka dhugoomuuf Waaqa kadhatu nama hubachiisa.

## Boqonnaa 18: Guddifachaa

**Wayitii 10**

**Kaayyoowwan**

Dhuma boqonnaa kanaatti barataan/tuun:

- Maalummaa Guddifachaa ni ibsa/ti;
- Adeemsaafi haala raawwii Guddifachaa adda nibaafata/ti.

## Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, Guddifachaan maal akka ta'eefi wantoota sababa ta'an ibsi. Itti aansuun, karaaleefi adeemsota Guddifachaan ittiin raawwatamu fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Sana booda, barattoonni waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kanaan, Guddifachaafi haala raawwii isaa hubachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, namoota fira dhiigaa hintaane guddifatan kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan godhi. Dhuma irratti, gilgaala boqonnaa kana jalatti kenname hojjachiisuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gilgaalaa

1. Namni daa'ima guddifachuuf deemu manguddoo warra irraa guddiffachuu barbaadutti ergata. Manguddoonnis warra eerame bira dhaquun hayyama gaafatu. Sana booda, jilli qophaa'ee sirni guddiffachaa nigaggeeffama.
2. Namni dhala hinqabne akka hamilee hincabneefi nama sooru akka argatu taasisa; namootni dhala dhaban qacceen isaanii akka hincinne godha; hariiroo hawaasummaas ijaara.Akkasumas, kabaja ilma namaa tiksa.
3. Dhugaa
4. C